

AMANTII QABAACHUU
Barnoota 8ffaa Caamsaa 23, 2026



“Amantiin waan abdannu tokko dhugumaan ni ta’a jennee fudhachuu dha; waan ijaan hin argine tokko immoo qabatamaa dha jennee heduu dha.”

(Ibroo. 11:1)


Waaqayyoon beekuun, qayyabannaan Macaafa Qulqulluu, fi kadhannaan qabiyyee jireenya keenya jijjiiru kan waloo tokko qabaachuu qaba: innis amantii dha.

Amantii malee, qabiyyeen kun beekumsuma qofa ykn sirnootuma hiikkaa hin qabne ta'u.

Garuu amantii wajjin, qabiyyee humna qabeessa fiixee muuxannoo hafuuraatti ol nu baasan ta'u: "nama amanuuf waanti hundinuu ni danda'ama" (Maarq. 9:23).







Amantii gosoota adda addaa:

- Amantii fi mallattoo
- Safartuu amantii
- Amantii fi miira

Amantiin maali?

- Hiikkaa fi guddina amantii
- Amantii Yesuus

# AMANTII GOSOOTA ADDA ADDAA

# AMANTII FI MALLATTOO

"Kana irratti Yesuus, "Isin yoo mallattoo fi dinqii argitan malee hin amantan" isaan jedhe" (Yoh. 4:48)







Milikkinni, mallattoo waa addaan baasu, ykn agarsiisa ergaa geggeessaatiin kenname tokko mirkaneessu ykn aboo Waaqummaa deggeru dha. Yooma milikkinni akka walii galaatti taatee ajaa'ibsiisaa jedhamee hubatame iyyuu – akkuma cidha Qaanaatti ta'e sanaa (Yoh. 2:11) – Israa'el Gaara Siinaa duratti Waaqayyoon waaqessuuf (Ba'uu 3:12) wal ga'uun isaas akka milikkitaatti kenname.

Fariisonni Yesuusiin milikkita Masihii ta'uu Isaa agarsiisu tokko akka Isa amananiif gaafatanii turan (Maar. 8:11).



Yeroo jarri amantii dhabina isaanii mirkaneessuuf Yesuusiin milikkita gaafatan baayyee aare (Maar. 8:12). Namni yeroo amanuu hin barbaannetti, milikkinni amansiisiisuu danda'u kam iyyuu hin jiru.

Namni amanuu barbaadu kam iyyuu akka amanuuf, Waaqayyo Sagalee Isaa fi uumama keessatti ragaa ga'aa nuuf kenneera. Haa ta'u malee, yeroo kamiyyuu shakkiif qaawwi jira. Kanaaf Yesuus "utuu hin argin warra amaniif" eebba kenne (Yoh. 20:29).

# SAFARTUU AMANTII

“Innis akkan jedhee deebise; “isin amantii xinnoo hamma ija sanaaficaa illee yoo qabaattan, muka qilxuu Kanaan, ‘buqqa’iitii galaana keessa dhaabami! Jechuu dandeessu; innis isinii ajajama.” (Luq. 17:6)



**Sadarkaalee amantii adda addaatu jira:**

**Amantii ergamootaa**




“Maaliif amantii dhabda?” (Maar. 4:40)

**Amantii Pheexiroos**



“Amantii hir’uu nana!” (Maat. 14:31)

**Amantii abbootaa**



“Amantii koo isa xinnoo naaf gargaari” (Maar. 9:24)

**Amantii dubartii Kana’aan**



“Amantiin kee guddaa dha” (Maat. 15:28)

**Amantii ajajaa dhibbaa**



“Israa’el keessatti illee amantii hammana ga’u hin argine” (Luq. 7:9)

**Amantii Isxifaanos**



“nama amantii guutuu qabu” (Hojii 6:5)

Akkuma hundeen amantii dhabiisaa buqqa’aa adeemuun, amantiin akka guddatu ifaa dha. Amantii qabaachuun suuta suuta shakkii bakka bu’aa adeemuu qaba. Gaaffiin keenya, “amantii keenya nuuf guddisi” kan jedhu ta’uu qaba (Luq.. 17:5).
Karaa hojii Hafuura Qulqulluu, karaa qayyabannaa MQ, fi muuxannoo Waaqaa wajjin qabnuun “amantiin keenya utuu guddatuu” arguu dandeenya (2Tas. 1:3).





# AMANTII FI MIIRA

"Isinis ayyaanaan karaa amantiitiin fayyitaniirtuutii; kunis kennaa Waaaqaati malee hojii ofii keessanii miti." (Efees. 2:8)





Amatiin miira moo hojii itti yaadamee hojjetamu dha?

Deebiin gaaffii kanaa barbaachisaa dha. "Akkan fayye NATTI DHAGA'AMA" jechuunii fi "Fayyuukoo BEEKA" jechuun tokko miti.

Garuu jalqaba irraa haa kaanu. Maddi amantii maali? Amantii Waaqayyo biraa dhufa, Inni immoo akka kennaatti nuuf kenna (Room. 12:3; Efees. 2:8).


Yeroo kennaa sanaaf deebii sirrii laannu – yeroo amantii shaakaluu jalqabnu – amantiin sun miira akka gammachu; nagaa; boqonnaa hafuuraa;... nu keessatti naqata

Garuu amantiin ofii isaatii miira miti; "waan qabatamaa" fi "mirkana'aa" dha (Ibro. 11:1). Waanta haala keenya irratti hundaa'u miti. Yeroo dadhabbiin natti dhaga'amu, ykn fayyinni koo narraa fagoo ta'ee natti dhaga'amu, yeroo sana kan ani amantiikoo caalchisee shaakaluu qabu.



# AMANTIIN MAALI?

# HIIKKAA FI GUDDINA AMANTII


"Amantiin waan abdannu tokko dhugumaan ni ta'a jennee fudhachuu dha; waan ijaan hin argine tokko immoo qabatamaa dha jennee heduu dha." (Ibr. 11:1)




Ibiroota 11:1, 3, fi 6 hiikkaa amantii isa beekamaa nuuf kenna. Amantiin hubannaa nuy Waaqa irratti qabnuu wajjin adeema. Akka Uumaa fi Badhaasaatti akka nuy amannu nu taasisa.


Boqonnaa sana keessatti, Phaawuloos amantii dhiirotaa fi dubartoota baayyee fakkeenya nuuf ta'uu danda'anii fi nu jajjabeessan kaasee badhaasa sana eeggachuuf akka nuy hin laafne nu gorsa.

Akkuma ilaalle, hundi keenya sadarkaa amantii wal qixxee ta'e irra hin jirru. Amantiinkoo xinnoos haa ta'u baay'ee, akkamittan guddifadha?


Hammam iyyuu yoo xinnaate, amantii shaakalaa (Maat. 17:20)



MQ qayyabadhaa (Room. 10:17)


Akka Inni isinii guddisuuf Waaqayyoon gaafadhaa (Luq. 17:5)


Shakkiif iddoo hin kenninaa (Maar. 9:23-24)


Amantiikoo amantii warra kaanii irratti hin bu'uuressin (Maat. 25:8)


Hafuura Qulqulluuf deebii kennuu (Gal. 5:22)


Amantiikoo shaakaluu akkan amaleeffadhuuf (2 Qor. 5:7)



# AMANTII YESUUS

"Kana keessatti obsaan danda'uun warra Waaqayyoof qulqullaa'anii, abboommii Waaqayyoo eeganii, Yesuusitti amanuu isaanii jabeessanii in barbaadama." (Mul'ata 14:12)

Nuy, warri amanamoonni, dhufaatii Kiristoositti dhihaannee jirru, waanta "eeggachuu" qabnu lamaan beekamna (innis, abboomamuu fi eeggachuu): abboommii kudhananii fi amantii Yesuus (Mul. 14:12).

Seerri (abboommonnii) fi Wangeelli (amantiin) wal keessa jiru. Amantii utuu hin qabaatin abboomamuun, ykn amantii malee abboomamuun hin danda'amu. Garuu "amantii Yesuus" jechuun maal jechuu dha?

- Yesuusii fi Sagalee Isaatiif abboomamuu
- Yesuusii wajjin shaakala guyyaa guyyaa qabaachuu
- Yesuusiin handhuura jireenya keenyaa godhachuu
- Akka amantii keenyaatti jiraachuu
- Amantii keenya Yesuus irratti bu'uuressuu
- Yesuusiin jireenya keenya keessatti calaqqisiisuu
- Kennaa ayyaana Isaatii fudhachuu



Amantii Yesuusitti qabnuun qajeelota (Room. 5:1), qullaa'ota (Hojii 26:18), taanee ijoollee Waaqayyoo taana (Yoh. 1:12).

"Kana booda Gooftaan Yesuus tokkoo tokkoo tarkaanfii keetii gara sirriitti akka qajeelchuuf amani. Tarkaanfiikee hundumaa keessatti wabii fi jabina argachuudhaan, wabiinkee harka Isaa keessa akka jiru mirkaneeffachuu dandeessa. "Ni fiigda garuu hin dadhabdu"; "ni deemta garuu hin mudhuqxu", sababni isaa, amantiidhaan harkikee harka Kiristoos keessa akka jiru beekta. Abdii kutannaadhaan hin liqimfamtu, sababni isaa Gooftaa beekuu duukaa yeroo buutu, Isatti yeroo amantu, Inni warra utuu walirraa hin kutin guutummaatti Isa amanatan tasa hin dhiifne, Isa dhaabbataadhaan si gargaaru akka ta'e wabii qabda."

EGW (Our Father Cares, October 27)